# BEEKSISA BARBAACHISAA TA'E WAA'EE DHUKUBA KOROONAA (COVID-19) BAQATTOOTAA FI KOLU-GALTOOTA NAANAWA MAGAALAA JIRAATAN HUNDAAF

## Gabaasa waajira dhimma baqatootaa, Mootummaa keeniyaa

## (Guyyaa: Waxabajjii 10, 2020)

Mootumaan Keeniyaa seera uguraa haara'a lafa kaa'ee jira, babal'atiinsa dhukuba koronaa (COVID-19) ittisuuf. Kuni kan of keessatti hammatu, galgala sa'aatii 3 hanga halkan sa'aatii 10 gad ba'uu dhabuu, namootni 15 ol iddoo tokkotti walitti qabamuu dhabuu, akkasumaas iddoo hawaasaatti hagoogduu fuulaa godhachuudha.

Seera moottummaan kaa'e faana bu'uudhaan babal'atiinsa dhukkuba koronaa (COVID-19) hir'isuudhaaf, yeroo ammaa baqattoota gargaaruudhaaf **hojettootni piroteekshinaa waajira keesatti hin argaman.** Hanga beeksisni dabalataa kenamutti, Baqattootni dhimma nageenyaa gabaasuu barbaadan, karaa araan gadii fayadamuu danda'u:

- ***Lakkoofsa gargaarsaa UNHCR bilbiluudhaan: 0800720063 (bilbila bilaashaa)*** *ykn*
- *Imeelii dhaan [helpline.kenya@unhcr.org](mailto:helpline.kenya@unhcr.org).*

Lakkoofsi gargaarsaa dhimma kamuu gara hojettoota pirooteekshinii UNHCR dabarsa faana bu'aaf.

Akka baqataatti ati yeroo hundumaa seeraa fi heera moottummaa faana bu'uutu sirraa eegama. Waajira UNHCR duratti walitti qabamuun ykn qubachuun seera mootumaa kan faalleeesuudha, akkasumaas ofii kee, ilmaan kee fi kan biroo balaa dhukuba kovid-19 qabamuu ykn babal'isuutiif saaxiluu dandeessa. **Waajira UNHCR duratti walitti qabamuun ykn qubachuun kan itti fufu yoo ta'e mootummaan seera irratti hundaa'uudhaan tarkaanfii barbaachisaa ta'e kan fudhatu ta'uu ibsee jira.**

- Maaloo namootni gargaarsa maalaqaa argattan ykn argataa jirtan,**gargaarsa dabalataa kan hin arganne ta'uu hubadhaa.**
- **Adeemsi biyya sadaffaa yeroodhaaf dhaabatee jira,** akkasumas namootni haarofni yeroo kanatti carraa biyya sadaffaattiif adda hin baafaman.
- Dhimma rakkoo nageenyaa galmeessuu yoo barbaadde, Maaloo Lakkoofsa bilbilaa gargaarsaa bilbili. **Yeroo waajjira UNHCR ala jirtutti, hojetaan UNHCR kamiiyyuu si hin qunamu.**
- **Gargaarsi naanoo magaalaatti kennamu kan murtaa'aa ta'eedha.** Yoo kan Nairoobitti ykn magaaloowwan biroo keessatti jireenyi kan sitti ulfaatu ta'e fi gargaarsa kan barbaadu ta'e, gara kakuma godaanuu malee filanoon biraa hin jiru. kakumatti tajaajilli nyaataa,bishaan,barnoota,fayyaa fi maneenii waan argamuuf.
- Yoo gara **Kakuma godaanuu kan filattu ta'u**, maaloo gara lakkoofsa gargaarsaa bilbili, godaansi gara kaampii yoom akka raawwattu odeefannoo siif laatu.

Maaloo yaadadhu sababa dhukkuba koroonaa (COVID-19) irraa kan ka'e yeroo ammaa walitti qabamuun hin hayyamamu. Walitti qabamiinsa irratti kan hirmaattu yoo ta'e, ofii kee fi namoota biroo dhukkuba koroonaa (COVID-19) kan saaxilaa jirtu ta'uu hubadhu. **Moottummaan walitti qabamiinsa kamiyyuu dhaabuuf tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuuf kand irqamu ta'a, babal'atiinsa dhukkuba koroonaa (COVID-19) dhaabuuf.**

Yeroon kuni nama hundaafuu yeroo ulfaataadha.Rakkoon hatattamaa yoo si mudate ykn gargaarsa yoo barbaadde maaloo lakoofsa bilbilaa gargaarsa hatatamaa armaan gadii kana ilaali:

| | |
|---|---|
| ***Galmeedhaaf/ waraqaa eenyumaatiif gargaarsa hatattamaatiif:*** Waajira dhimma baqattootaa ShauriMoyo: 0772057770 | ***Lakkoofsa kutaa loogii saalaan wal qabatee:*** 1195/ 0800720501 |
| ***Rakkoo hatattamaa fayyaatiif:*** NCCK 0704873342 / 0723281352/ 0723281362 | ***Dhimaa NHIF-walqabatuuf (Tajaajila inshuraansi biyyaalleessaa):*** 0740049502 |
| ***Rakkoo hatattamaa seer-qabeesaatiif (Hidhaa, rakkoo polisii waliiniitiif ):*** Kituo cha Sheria 0720806531 | ***Lakkoofsa Kutaa Eeguumsa daai'manii:*** 116 |
| ***Lakoofsa gorsaa:*** 1190/ 1199/ 0721 336017 | |

COVID 19 kallatiidhaan kan dadarbu gad dhiisa (qufa'uu/haxifatuu) nama faalameetiini; al-kallatiin ammo iddoo ykn mi'a namni faalame fayadameen kan wal qunaman yoo ta'eedha. **Yoo mallattoo COVID-19** kan akka hoo'a

qaamaa, qufaa, rakkoo hargansuu qabda ta’e **Maaloo waajira miseensa fayyaa qunami** lakkoofsa armaan gadii kanaan 0800721316 (lakkoofsa bilaashaa); 0732353535; or 0748592558 qajeelfamaaf



